

Hunda dura ergama akka mana hojiitti nuuf kenname hubachuudhaan hojiitti galle’’ jechuudhaan ibsasaanii jalqaban. ‘’ kunis sirna bulchiinsaa gibiraa fi taaksii ammayyaa’aa ta’e diriirsuun, dandeettii raawwachiisummaa guddisuun, tajaajila haqa qabeessa ta’e kennuun, aadaa fedhiin gibira kaffaluu gabbisuuniifi seera taaksii kabachiisuun galii dinagdeen naannichaa maddisiisu gahumsaan sassaabuu kan jedhuudha.

Biiron Galiwwanii Oromiyaa bara 1998 of danda’ee Caaseffamee hojiisaa erga eegalee asittii raawwiin sassaabbii galii mul’achaa ture hanga barbaadame yoo ta’uu baates, yeroodhaa gara yeroottii fooyya’insa agarsiisa dhufeera.

- Kunimmoo ta’uu kan danda’e: Caasaa sadarkaa sadarkaan diriire keessatti hoggansaa fi ogeessa hojii kana milkeessuuf gahumsa qabu qabaachuu, seeronnii fi hojimaatonni sassaabbii gibiraa fi taaksii milkeessuu dandeessisan bocamanii jiraachuu, hanga barbaadame ta’uu yoo baatellee tekinooolojii hojiin kun ittiin raawwatamu akka biyyaattii qabaachuu, Naannoon Oromiyaa gidduugala dinagdee biyyaa ta’uuniifi sochiin guddina dinagdee bifa adda addaatiin mul’achaa jiru ergama kana milkeessuuf akka carraa guddaatti kan ilaalamanidhas jedhaniiru, Aadde Maskaram. Keessattuu waggootan sadan darban keessatti bu’aalee argamaniif dhimmoonni olitti xuqaman ykn dandeessiftootadha jedhaman kunneenis akkaataa itti aanutti facaatiidhaan ilaalamaniiru.
- Seerotaafi hojimaatota guddina galii naannoo cimsuufi itti fufsiisuuf gargaaran adda baasuufi fooyyeessuu ilaalchisee
 - ❖ Gibiraa fi bulchiinsa taaksii labsii tokkoon bulaa ture adda baasuun haalli mijataan uumammuu .
 - ❖ Kunis danbii gibiraa lakk 202/2010 fi bulchiinsa taaksii lakk 203/2010 bahe hubannaa gahaan dabaalamee hojjetaan akka hojiirra oolchu taasifameera.
 - ❖ Labsiin taaksii bu’aa dabalataa qabeenyaa fooyya’ee jiraachuuniifi isa hojiirra oolchuun galii barbaadame akka sassaabamu taasisuuf dandeessistuu tokkodha.

- ❖ Labsiin eksaayiz taaksii Mootummaa Federaalaa lakk 246/2013 fooyya'ee jira. Ministeerrii Galiiwwanii Federaalaa galii eksaayiz taaksii gaafa baasu naannolee hunda dura naannoon Oromiyaa irra deebi'uun Caffeen labsuun hojiirra oolchuu danda'uunsaa galiin naannichaa akka dabaluuf gumaacheera.
- ❖ Qajeelfama galiiwwan gibirarraa bilisaa (lak. 14/2014) ba'ee hojiirra ooluunsaa kaffaltoota gibiraaf haala mijaawwaa uumee jira.
- ❖ Qajeelfamni sassaabbii galii kiraa gamoo (dhaabbilee daldalaa PLC) bakka dhaabbatichi ittii argamuttii akka sassaabamuuf fooyya'ee jira.
- ❖ Kiraa gamoon walqabatee gamoowwan naannoo oromiyaa keessattii ijaaramanii jiraan baay'een isaanii bifa sheer kampaaniifi dhaabbilee dhuunfaa ittii gaafatamnisaanii murtaa'een ykn PLCn waan ta'eefi hojjetaan sassabbii galii akka aangoo biirichi irraa qabuuttii hin bubatu ture, Garuu labsiin Mana Maree Feedereeshiinii gamoowwan bakka ijaaramanitti galii kiraa isaanirraa eegamu kaffaluu akka qaban waan taasiseef iddoo hundattii bifa walfakkaatuun hojiirra oolchuurratti hanqinni tures waan furameef gibira kiraa gamoorraa galiin sirriin argamuu danda'eera.
- ❖ Tooftaalee galii guddisuufi dabaluu dandeessisan qopheessuufi hojiirra oolchuu
 - Sakatta'insa maddoota galii manaa manattii geggeessuu. Hojjiin kun bara 2013 bifa duulaan kan itti deemame yommuu ta'u, kanaanis maddoonnii galii hedduun argamuu danda'aniiru.
 - Adeemsoota daldala seeraan alaa adda baasuun Waggoottan sadan darban keessa kaffaltoota gibiraa 100,000 ol gara Saaphana taaksiittii akka galan godhamee jira.
 - Kunimmoo guddina galii naannichaatiif shoora duddaa gummaacheera.

Hojjimaata galii gibira kiraa manaa sassaabbuu hojiirra oolchuu

Hojimaata gibira miindaa dhaabbileefi dhuunfaa sassaabuu

Hojimaata galii bu'aa dabalataa (VAT) sassaabuuf hordofamuu qabu qopheessuu fi hojiirraa oolchuun danda'amu

Hojimaata sassaabbiin galii taaksii eksaayizii hordofuu qabu qopheessuu, hojiirra oolchuu fi kanneen biroo

Dhaabbilee dhuunfaa Naannoon Oromiyaa keessattii gibira kaffaluuf dirqama qaba 91 adda baasuun gara saaphana taaksiittii galchuun taaksiisaanii akka kaffalatan gochuun danda'ameera. Dabalataan bara kanas Investaroota naannoo kana keessa jiran gara hojii oomishaattii galan lakkoofsaa 9, 900 ol ta'an

Biirroo Investimantii fi Industirii waliin ta'uun raga barbaachisu fudhachuun taaksii eksaayizii kana kaffalachiisuuf sakatta'insarra jiraachuun ibsameera.

- Kuufam idea taaksii waggaa waggaan uumamu duukaa bu'uun sassaabuu. Kuufamni idea taaksii yeroo seeraan taa'e keessattii kaffalaan gibiraa hin kaffalu yoo ta'e gara kuufamaatti ce'e kuufama kana duuka bu'anii sassaabuurratti rakkoo ture maqasuudhaan kuufama yeroo yeroodhaan hordofuun hojii hojjetameen galiin akka dabaluu taasiseera.
- Odiitii galmee duraa (pre- audit) bal'inaan raawwachuun, galmeessanii adda baasuun galii guddaa irraa argachuun danda'ameera.
- Tarkaanfilee seerota taaksii kabachiisuu fudhataa deemuu, fakkeenyaaf to'annoo nagahee mana manaan gaggesuudhaan tarkaanfii bulchiinsaa fudhataa deemuu keessattuu sassaabbii taaksii bu'aa dabalata qabeenyaarrattii jijjiiramni guddaan dhufeera. Kunis to'annoo nagahee manaa manattii geggeessuun tarkaanfii bulchiinsaa fudhachaa deemuu, keessattuu taaksii bu'aa dabalataa qabeenyaa (VAT) irrattii hojii cimaan hojjetamee bu'aan gaariin argameera.
- Qorannoo galmee (Audit Investigation) akkaataa shakkii raga kaffalaa gibiraarrattii mul'ateefi eeruu qaamolee adda addaarraa dhufurratti hundaa'ee geggeeffameen galii guddaan adda bahee kan sassabame yoo ta'u, qaamole rakkoo kana keessattii adda bahanillee seerattii akka dhiyaatan taasifamaa jira.

Kanaanis galiin naannoo oromiyaa akka dabalu taasisuu keessattii shoorasaa bahateera.

- Qorannoon maddoota galii idileefi mana qopheessaa geggeessuun hojiirra oolee jiraachuu
- Kanaan dura karooraan wal qabatee haallii ittii hojjetamaa turame pooteshaalala jiru gidduugaleessa taasifatee kan deemu osoo hin taane hojii bara darbe hojjetameerraa ka'amee bara karoorichaarrattii xiqqoo dabalani karoorsuu ture. Haala Kanaan kan deemamuu yoo ta'e galii sadarkaa barbaadamuttii sassabuu hin dandeessisu jechuun qorannootti seename. *Haaluma Kanaan:*
- Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaa waliin waliigaltee raawwachuun aannaalee 97 fi Magaalota 32 waliigala 129 irrattii qorannoo madda galii geggeessuun hojiirraa ooleen galiin naannoo keenyaa dabaluu danda'ee jira.
- Qorannoon geggeeffamee kun carraa magaalli tokko galii maddisiisuuf qabduufi hojii hanga ammaa hojjetame adda baasuun human dabalataa magaalli ykn aanaan qabu adda baasuun garaagarummaa jiru yeroo ittii aanutti karoorfachaa akka deemu taasifameera.
- Qorannoon human galii maddisiisuu kun bu'uuraan karoora sassaabbii galii naannichaarrattii jijjiiramni guddaan akka dhufuu gargaareejira. Kunis karoora sassaabbii galii naannichaa hojii hanga ammaa hojjetamerraa ka'uun osoo hin taane human galii maddisiisuu magaalotaa fi aanaalee giddugaleessa gochuun biirichi qopheessuu akka danda'u gargaarree jira. Raawwiin sassaabbii galii naannichaas akka dabaluuf qooda olaanaa qaba.
- Qorannoo galii gurgurtaa mana magaalaa geggeessuun hojiirra oolchuu (gati gaba sirrii) manni magaalaa keessatti ittiin gurguramu sirriin waan hin dhiyaanneef taaksiin sirriin sassaabamuu qabu akkaataa barbaadamuun hin sassaabamu ture. Kanammoo Biiron Galiiwwanii Oromiyaafi Biiron Misooma Magaalaa Oromiyaa akkasumas qaamoleen birroon dhimmichi isaan ilaallatu qorannoo gatii sirrii geggeessuun magaalotaaf hojimaatichi gadi bu'ee jira. Achiirraa ka'ee gurgurtaan manaa magaalaa keessattii geggeeffamu kamuu

akkaataa qorannoo gatii kanarrattii hundaa'amee hojiirra ooluun galii dabaluu keessatti shoora gaarii taphateera.

- Biifuma walfakkaatuun qorannoo galii gurgurtaa konkolaataafi baajaajii geggeessuun hojiirra ooleera. Kunis galiin naannichaa akka dabaluuf gumaacheera.
- Qorannoo galii jimaa gaggeessuun hojiirraa oolfameen bara darbe qarshiin Biliyoonnii 4 ol sassaabamuu fi bara kanas Biliyoona shanittii kan siqu sassaabuuf karoorfamee hanga kurmaana 1ffaattii Miliyoonnii 700 Sassaabuun danda'ameera. Haatu malee, kellaan Harargee Bahaa fi Harargee Lixaarratti dhaabbachuunsanii al ergii jimaa biyyaarratti dhiibbaa fideera waan jedhameef yeroof galiin kanarraa argamu dhaabbateera.
- Qorannoo galii 'VAT withholding' godinaa magaalaa fi aannaa geggeessuun hojiirra oolchuu : Kanaan dura hojjetamuun osoo isarra jiraatuu humni kana hojjetu hin jiru jechuudhaan kan osoo hin hojjetamiin ture vaatiin qajeelfamaan haa fooyya'u jechuun gaafatamee hayyamamameera.
- Kanarraas galiin guddaan argamuu danda'eera.
- Gama birraatiin kaffalaan gibiraa Naannoo Oromiyaa keessa jiru tajaajila bitatu, galtee bitaturraa dhibbantaa 2 bu'aa daldalaa hambisee Biiroo Galiwwanii Oromiyaaf akka gabaasuu kallattii gadi bu'een kaffalaa gibiraa 1455 keessaa 770 ol kan ta'u nagaheesaa maxxanfatee galiisaa walittii qabee galchuuttii jira.
 - Qorannoon galii withholding % 2 kaffalaa gibiraan raawwatamuu geggeessuun hojiirraa oolchuu
 - Qorannoo galii Tax Eksaayizii geggeessu hojiirraa oolchuu. Karoora galii dhuunfaa gosa taaksii kana kaffaluuf dirqamu adda baasuun galmeessuu, hordofanii kaffalchiisuu dabalataanis bara kana abbootii qabeenyaa hojii Invastimantiirratti bobba'an 9,900 ol ta'anirrattii sakatta'a geggeessuun hojiin adda baasuu hojjetamaa jira. Kunis milkaa'inoota caqasamuu danda'an keessaa tokkodha.
 - Kana biraan galii waliiniiti. Galiini waliinii galii federaalaarraa naannooleef qoodamu kan " Share Company" fi PLC gibirasaanii

federaalaaf kaffalanirraa naannoleen gaheessanii akka qooddatan Manni Maree Federeshinii murtii dabrseen qooddatamuudha. Akka Naannoo Oromiyaattii dhaabbilee 2,220 kan qooddataa ture yommuu ta'uu, bara kana kaffalaa gibiraa gidduugalli taaksiisaa giddu galli hundeeffamasaa (hojiinsaa) Naannoo Oromiyaa ta'ee garuummoo bakkee hayyama baafatettii ykn biiroo banatettii kaffaluun akka naannoon hin fayyadamne taasisaa tureera.

- Qorannoo foyya'insaa Galii waliinii 'Establishment' kaffalaa gibiraa PLC ta'an gara Naannoo Oromiyaattii akka deebi'u taasifameera. Kanaanis fakkeenyaaf bara 2014 fi bara 2016 keessatti kaffalaa gibiraa 286 dhabbanni daldala ykn 'business establishment' isaanii gara Oromiyaattii akka jijjiramuuf adda baasnee Ministeera Galiwwanii Federaalaa beeksifneerra jedhan Adde Maskaram . Kunis qooddiin galii waliinii akka fooyya'uuf gumaacha olaana qaba.
- Taarifni galii mana qopheessaa yeroo yeroon fooyya'ee hojiirraa oolee jira. Keessaattuu waggoota lamaan darba walittii aansuun gatiin gabaa sirrii akka fooyya'u ta'eera. Kanaanis dabalinsa galii naannicha keessattii shoora guddaa taphateera.
- Hojjimaannii sassaabbii galii tuttuqqaa namaarraa bilisa ta'ee karaa baankiifi teelee birriin akka sassabamu ta'ee jira. Galiin tuttuqqaa namaarraa bilisa karaa ta'een gara baankii fi teelee birriin akka sassabamu gochuun galiin nannichaa akka dabalu gahee olaanaa qaba.
- SIGTAS ittii fayyadamuun murtiin gibiraafi taaksii haqaqabeessa akka ta'u gochuu.
- Waggoottan darbaniif sababa SIGTAS moosaajjii kaffaltoota gibiraa sadarkaa 'A fi B malee kaffaltoota gibiraa fi taaksii sadarkaa 'C' ttiifi murtii baasu hin qabaanneef, murtiinsaanii harkaan hojjetamaa ture, bara 2016 Ministeerri Galiwwanii Moosaajii dabalataa waan qopheesseeff murtiin gibiraa kaffaltoota sadarka 'C' geggeessuun danda'ameera.

- Keessattuu bara kanaaf jalqabiidhaaf Magaalota 19 akka caaseffama magaloota duriittiin murtiin kara Kanaan raawwatameera.
- Walumaagalatti tarkaanfiiwwan fudhataman Kanaan galiin naannoo Oromiyaa waggaadhaa gara waggaattii guddina itti fufinsa qabu fidee jira.
- Caasaan mana hojichaa sadarkaan jiru hubannoo walfakkaatu horachuufi dandeettii raawwachiisummaasaa dabaluun jijjirama dhufe, Adde Maskaram Dabbabaa akka ibsanittii Caasaa Mana hojichaa sadarkaa sadarkaan jiru hubannoo walfakkaatu qabsiisuuf bara 2015 mataduree adda addaarrattii sadarkaa Minsisiteera Galiwwaniitti hojjetootaa 362 f, sadarkaa Naannoottii hojjetoota 4,085 fi waliigala 4,447f leenjii kennameera.
- Dandeettii raawwachiisummaa hojjetoota mana hojichaa cimsuuf bara 2015 keessa Carraa barnootaa digirii 2ffa(MA) sagantaa Gannaa hojjetoota dhiiraa 9 fi sagantaa idileen hojjetoota 8 waliigala 17 qoramaata darbanii Yuunivarsiitii Siivil Sarviisii Itoophiyaattii barataa jiru.
- Hojjetaan sektara galii beekumsa waliigalaa horatee eessumattuu dorgomaa akka ta'uuf bu'a qabeessummaan sektara galiis akka dabaluufi rakkoon kenninsa tajaajilaa akka fooyya'uuf qajeelfama raawwii waljala jijjiirraa hojjetootaa sektara galii ba'e gidduugaleessa godhachuudhaan wali jala jijjiirraa hojjetootaa dhiira 2,489 durbartoota, 1,527 ida'ama 4,016 hanga caasa gara gadiittii hojiirraa oolchuun danda'ameera.
- Ogeessoota waljala dabarsuun gita hojii haaraattii dhufan kanas leenjiin gahumsa hojii haaraa itti ramadaman hojjechuuf isaan gargaarurratti Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaa waliin ta'uun kennameera.
- Kanaanis dandeettiin raawwattummaa dabaleera. Kunimmoo jijjirama sektaricharrattii dhiibbaa eyyentaa fideeraa .Adeemsa galii naannichaa keessattii jijjirama jirus gabatee asii gaditti dhiyaateerraa hubachuun ni danda'ama.
- **Gabatee raawwii sassaabbii galii Idilee fi Mana Qopheessaa bara 2010- 2015**

Bara	Idilee	Mana Qopheessaa	Ida'ama
------	--------	-----------------	---------

2010	13,333,953,030	2,851,973,593	16,185,926,624
2011	16,206,973,805	3,468,886,907	19,675,860,712
2012	19,329,940,843	4,247,647,117	23,577,587,961
2013	31,145,396,988	6,139,654,474	37,285,051,461
2014	45,962,120,784	8,061,411,209	54,023,531,993
2015	66,766,112,569	10,922,035,060	77,688,147,629

Waggoottan shaman darban keessa keessumattuu jijjiiramaa asittii waggootii sadaniifi arfaan darbanitti galiin Naannoo Oromiyaa jijjirama agarsiisaa kan jiru yoo ta'u, galii keessa qar, bil .5.660 dabalatee qar. Bil 83.2 irraa gahee jira. Akka waliigalaatti guddinni galii waggaa waggaan % 37.65 ta'ee argama.

Kaffaltoonni gibiraa galii mootummaa harcaatiifi dhoksuu tokko malee fedhiifi yeroodhaan akka kaffalaniif hubannoo kennameen jijjirama dhufe Hojiin kaffaltoota gibiraaf hubannoo uumuu sadarkaa hundattii kennamaa kan ture yoo ta'u , bara 2015 kaffaltoota gibiraa 404,469' f leenjiin dhimmi gibiraafi taaksiirratti kennameera. Leenjiin kunii kan kennamaa ture hawaasa bal'aa, hojjetoota Mootummaa fi miti mootummaafi. Biiroon Galiwwanii Oromiyaa OBN waliin ta'uunis torbanitti guyyaa Dilbataa galgala daqiiqaa 20f hubannoo kennaa tureera.

Gama biraatiin ammo akka Mootummaa Naannoo Oromiyaattii kaffaltoota gibiraa amanamoof waggaattii al tokko beekamtii kennaa kan jiru yoo ta'u, godinaalee 21fi Magaalota 23 irraa kaffaltoota gibiraa sadii sadii waliigala 129 adda baasee beekamtii kennee jira. Hojiiwwaan hubannoo uumuu ittii fufinsaan kennamaa jirurraa kan ka'ee jijjirramnii amalaa hanga tokko kan mul'atu yoo ta'ellee, ammas ga'aa akka hin taane Aadde Maskaram ibsaniiru.

Keessattuu yeroo seeraan ta'ee keessattii taaksii kaffaluuf sochiin jiru fooyya'aa kan dhufe yoo ta'u, gibiraafi taaksii amanamummaan beeksisuu keessattii ammallee kan hafu ta'uusaatu mul'ata.

Galiin dabalataa odiitiifi odiitii duraatiin adda bahu, yero yeroodhaan dabalaa dhufuunsaa kan agarsiisa waan ta'eef.

Karooraa fi raawwii sassaabbii galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2016 Akka Naannoo oromiyaattii galiin bara 2016 sassabamuuf karoorfame amala Kanaan dura raawwii sassaabbii galii baroota darbanii bu'uureffachuun karoorfamaa ture keessaa ba'uun ilaalcha galii dinagdeen naannichaa maddisiisu gahumsaan sassaabuun piroojektoota misoomaa naannichaa ariifachiisan hojiirra oolchuuf akka gargaaru yaadameeti.

Haaluma Kanaan galiin bara kana sassaabamuuf karoorfame hojjetamaa jiru: galii idilee qarshii 103,934,839,997: galii Mana Qopheessaa qarshii 29,138,018,818: galii keessaa qarshii 10,964,903,572 waliigala qarshii 144,032,841,583 dha . kun ammo galii dinagdeen Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa maddisiisuu danda'u waliin yoo madaalamuu galii hanga ammaa sassabameefi bara 2016 sassabuuf karoorfame baramaatilee turreraa fooyya'insa yoo qabaatellee ammallee ni hafa.

Galiin amasaatiin dinagdee GDP keessa kan maddudha. Bara kana galii qarshii Biliyoona 144 ol sassaabuuf karoorfameera. Dandeettiin galii Maddisiisuu naannichaa kana qofa jechuu akka hin taane Aadde Maskarama himaniiru. Kan hafes dhawaata dhawwataan itti deemama.

Naannoo Oromiyaattii kaffaltoota gibiraa sadarkaa A,B fi C akka Naannoo Oromiyaattii kaffaltoonni gibiraa 517,261 kan jiran yoo ta'u, sadarkaa 'A' 36,461(%7) sarkaan 'B' 31,431(%6) fi sadarkaa 'C' 449,369(%) tu jiru. Tilmaama galii guyyaa bara 2016 geggeeffameen kaffalaan gibiraa haaraa 55,000 ol gara saaphana taaksiittii dabaluu akka danda'ames ragaan biirroo Galiwwanii Oromiyaa ni mul'isa.

Bara bajata 2016 qarshii Biliyoona 221 ol hojiilee naannichaaf kan ramadame yoo ta'u, galiin naannichaa sassaabuuf karoorfame qarshii Biliyoona 144 ol waliin yoo madaalamu % 65.2 bajata ni uwwisa jedhamee yaadama.

Akka ragaan Biirichaa ibsutii bara 2010ttii galiin naannoorraa sassabame baasii naannicha %29 qofa kan uwwisaa ture bara 2015 immoo ywwisnisaa %49.97 irraa gahe waliin yoo ilaalamu guddinni sassaabbii

galii naannoo dabaluunsaa fedhii mootummaan baasii ofii madda galii naannootiin uwwisuuf qabate milkeessuuf kallattii sirriirra kan jiru ta'uusaa agarsiisa.

Akka ragaan Biirichaa ibsutii bara 2010tti galiin naannoorraa sassaabame baasii naannichaa % 29 qofa kan uwwisaa ture bara 2015 immoo uwwisnisa %49.97 irra gahe waliin yoo ilaalamu guddinni sassaabbii galii naannoo dabaluunsaa fedhii mootummaan baasii ofii madda galii naannootiin uwwisuuf qabate milkeessuuf kallattii sirriirra kan jiru ta'uusa agarsiisa.

Sassaabbii galii naannichaa qisaasama malee karaa ammayya'een (diijitaalaa) sassaabuuf hojii hojjetameen yeroo gara yeroottii bu'aan gaariin armaa jiraachuus Adde Maskaram ibsaniiru.

Naannoo Oromiyaatti sassaabbii galii qisaasamarraa bilisa gochuufi kenna tajaajilaa haqaqabeessa si'ataa, baasii kan qusatuufi iftoomina kan qabu gochuu keessattii hojii sassaabbii galii teknioloojiin deggeruun hojjechuun daran murteessaadha.

Bu'uuruma Kanaan:-

-E-taaksii Magaalota gurguddaa kan akka magaalaa shaggar, Adaamaa, Bishooftuu fi Waajiraalee dame finfinneerrattii hojiirra oolee jira. Muuxannoo achirraa argameen sadarkaa hundatti babal'isuuf hojjetamaa jira.

-E- payment (kaffaltii-E) ilaalchisee: Itiyoo- telekoom waliin waliigaltee mallatteessuun kaffaltii taaksii guutummaa Naannoo Oromiyaatti teelee birriin hojiirra ooleera.

- Taaksii murtaa'u haqaqabeessa gochuudhaaf SIGTASiidhaan murtiin akka bahu godhame jira.
- Kunimmoo sektaricha ammayyeessuuffi dijiitaaleessuun qisaasama mudachuu danda'u hambisuu keessattii shoora bahata jechuudha.

- Sektaroota mootummaa malaammaltummaaf saaxilamoodha jedhamanii yaadaman keessa sektarri kun isa tokkodha jedhamee yaadama. Kana maqsuuf hojiin hojjetameefi bu'aan argame attamiin ilaalama? Jedhamee gaaffii ka'eef Adde Maskaram “ Malaammaltummaa sektaricha keessatti uumamuu danda'u xiqqeessuuf ykn hir'isuuf sakatta'insa hojimaata taasifameen qaawwa malaammaltummaaf banaa ta'ee akka cufamu hojiin hojjetame ni jira jedhaniiru. Rakkoo kenna tajaajilaafi hojimaata badaarratti tarkaanfii fudhachuuf akka dandeessisu duraan durfamee qaawwasaa adda baasuu yaaliin taasifameeras jedhan. Bu'uuruma Kanaan :Murtii gibiraafi bu'aa odiitii karaa tuttuqqaa namaarraa bilisa ta'een siistama SIGTAS qofaan akka ba'u taasifameera.
- Maxxansi nagahee karaa siistama SIGTAS qofaan akka hayyamamu taasifamuu
- Waraqaan qulqullina karaa siistama SIGTAS qofa akka raawwatamu qajeelfamni gadi bu'uu. Dabalataanisa murtii gibiraa odiitarrii tokko murteessee baaase hojimaata mirkannoo qulqullina odiitii (MQO) jedhamu diriirsuun sadarkaan qulqullinasaa akka sakatta'amuufi bakka hanqinni mul'atettii tarkaanfiin akka fudhatamu hojimaannii haaraa diriiree hojiiraa oolee jira. Akkasumas sassaabbii taaksii dijiitaaleessuu (E- tax fi E- payment) n hojjetamee jira.
- Istaandardii kenna tajaajilaa irra deebiin ilaalamee sadarkaa hundatti akka hojiirra oolus ta'eera.
- Karoora fooyya'insa kenna tajaajilaa akka Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa qophaa'ee caasaa sadarkaan jiru bira akka qaqqabu taasifameera.
- Raawwiinsaas yero yerootti hordofamaa jira.

- Qaawwa hojimaata kana xiqqeessuuf hojii hojjetameen bu'aan abdachiisaan mul'ataa jira.
- Kanaaf galiin sassabamu dabalaa dhufuun akka ragaatti ilaalamuu danda'a.
- Kaffaltoonni gibiraa mirgaafi dirqamasaanii beekanii gurgurtaa raawwataniifi tajaajila kennaniif nagahee galii seera qabeessa ta'e qaama meeshaa tajaajila bitateef kennuu qabu. Fayyadamaan bittaa meeshaafi tajaajilaa raawwatu hundaaf aadaa nagahee gaafachuu cimsee hordofuu qaba.
- Dabalataanis nagaheesaa walitti qabate onnachiiftuu Biiroon Galiiwwanii Oromiyaa qoratee gadi buusee argachuuf Carraaquu qaba.
- Kaffalaan gibiraafi taaksii gibiraafi taaksii irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'e keessatti amanamummaadhaan akka beeksisu gargaaruu keessatti hojjetaan herregaafi odiitarri dhuunfaa gahee olaanaa waan qabaniif dirqama ogummaasaanii seeraan kan bahan yoo ta'e, ummanni bittaa raawwatuufi tajaajila argatuuf galii mootummaa kan kaffalu isa ta'uu beekke kaffalti raawwateef nagahee fudhachuun galiin mootummaa nagaheen itti cituusa mirkaneessuu qaba.
- Sassaabbii galii keessattii qooda fudhattoonni (hojjettoonni mootumma)dhaabbileen mootummaafi misoomaa,
- dhaabbileen dhuunfaa) gahee irraa eegamu bahuun waajjiraalee Galiiwwanii sadarkaan jiran waliin qindoominaan hojjechuu akka qabanis Adde Maskaram Yaadachiisaniiru.
- Hoggansiifi ogeessi Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa sadarkaan jiru milkaa'iina karoora xiiqii akka hojii misoomaafi bulchiinsa gaariitti mootummaan qabate milkeessuu keessattii

gaheensa olaanaa ta'uu hubatee karoora sassabbii galii bara 2016 galmaan ga'uuf yero kamuu caalaa qoodasaa imaanaa olaanaan bahachuu akka qabus hoggantuun kun hubachiisaniiru.

- Ka'umsoota milkaa'inaafi hudhaalee
- Bara bajataa darbe keessa Biiron Galiwwanii Oromiyaa ulaagalee Mootummaan Naannoo Oromiyaa sektaraalee ittiin madaaleen warra sadarkaa olaana keessa jiraa keessa tokko tokko ta'uun ni beekama. Kanaaf ammo hojii karooraafi hojimaataan hogganuun, hoggansiifi ogeessi Biirichaa sadarkaan jiru ergama isaaf kenname beekke kutannoo olaanaadhaan hojjechuu danda'uun , qindoominaafi sal dhageettiin cimaa ta'ee hoggansaafi ogeessa gidduuttii uumamee jiraachuun guddaa gumaachuusaanii Aadde Maskaram ibsaniiru.
- Haata'u malee, wantoonni akka hudhaattii mul'ataniifi furmaata barbaadanus xuqamaniiru.
- Isaanis:- aaddaan fedhii fi yeroon gibira kaffaluu ammallee sadarkaa barbaadamerra hin ga'ii jira.
- Waan ta'eefis, qaamni galiin irraa barbaadamu yeroo seeraan ta'eefis, qaamni galiin irraa barbaadamu yeroo seeraan taa'ee
- keessattii galii mootummaa kaffaluun gahee lammummaassaa bahuu qaba.
- Sochiin daldala seeraan alaa dinagdee biyyaattii keessa jiru hudhaa tokko ta'ee fudhatamuu danda'a. Daldalaan hojii hojjetee galii argatu hundaaf hayyama hojii baasee galii mootummaa seeraan kaffaluu qaba. Lammiin hundi hojiiwwaan kotiroobaandii dinagdee biyyaa waan miidhaaniif

daldala seeraan alaa balaaleffachuufi gara saaphana taaksiittii akka galan gochuu keessattii gahee adda durummaa bahaachuu qaba.

- Karoorri mootummaa guddachaa dhufeera. Galii dinagdeen naannichaa maddisiisuu danda’u sassaabuuf human namaa gahumsa qabuufi lakkoofsa barbaadamuun horacha deemuunisa feedhi sassabbii jiru milkeessuuf murteessaadha.
 - Hojiin sassaabbii galii hojii waajjira keessa qofa taa’emee hojjetamu miti. Mana manarra deemuurraa kaasee hanga magalootaa, aanaaleefi kutaalee magaalaa keessa socho’u gaafata waan ta’eef loojistikii gahaa barbaada. Gama Kanaan Biironsaanii rakkoo keessa akka jirudha aadde Maskaram kan dubbatan. Waan ta’eefis konkolaataa fi doqdoqqeen ilaalamee fuutamuu yoo baate kunis hudhaa tokko ta’uu danda.
 - Gama biraatiin sassaabbii galii diijiitaaleessf jalqabbiin jiru gaarii ta’us, raawwiisaa sadarkaa barbaadamuttii fiduuf ogeessaafi meeshaalee tekinoooloojii guuttachuu dhabuun akka hudhaa guddaattii kan ilaalamaniidha.
 - Walumaagalatti karoora Imala Badhaadhinaa akka naannoottiis ta’e akka biyyaattii ba’ee hojiirraa oolfamaa jiru
-
- milkeessuuf bajata barbaachisu argachuuf galii dinagdeen naannichaa maddisiisuu danda’u sassabuun murteessadha.
 - Mootummaan bu’uuraalee misooma baballisuuf, tajaajilawwan ummanni irraa barbaadu dhiyeessuuf hojiilee nageenyaa ummataa mirkaneessuu raawwachuuf galii sirriitti sassaabuun hojiilee inni xiyyeeffannoon hojjetu keessaa isa tokkodha.

- Milkaa'ina hojii kanaatiif ammo kaffaltoonni gibiraa hundi gibira isaanirraa barbaadamu fedhiidhaan, yeroodhaan, amanamumaan kaffaluutuu irraa eegama. Kana gochuunis guddina biyyaasaaniif diirqama lammummaasaanii bahachuu akka ta'ees bubachuu qabu.
- Biiroon Galiwwanii Oromiyaa dandeettii raawwachiisummaasaa cimsachaa, muuxannoowwaan gaarii adeemsa raawwiisa keessarri argate daran gabbiifachaa, rakkoolee mudatan furaa ergamasaa galmaan gahuuf hojii hojjetaa jiruun milkaa'ina galmeessaa jira. Anaafis wal hubannoon hoggansaafi ofeessaa sadarkaa naannoorraa kaasee hanfa gadiittii jiruufi tarkaanfileen haaraan fudhataman guddaa gumaachaniiru.
- Hojiin hawaasa bal'aa, qaamotii haqaafi kanneen biroo waliin qindoominaan hojjechuus milkaa'ina argamaa jiruuf shoora guddaa waan qabuuf fuuldurattis daran cime ittii fuufuu qaba. Karoora xiiqii Biirichi bara kana raawwachuuf qabatee jiruu milkeessuufiis ammas kaffalaan gibiraa mirgaafi dirqamasaa beekke gahee irraa eegamuu bahaachuutuu irra jiraata.

Gaaliin Guddinaa Biyyaaf

Hooraa Bulaa

Sadarkaa Itti Aantuu Pirezidaantiitii

Adde Maskaram Dabbabaattiin